washington
healthplanfinder
click. compare. covered.

# Qajeelfama Inshuraansii Fayyaa Godaantotaa Kutaa Waashingitan



# Baga nagaan dhufatan

Namoonni addunyaa mara irraa Waashingitan Hoomiif bilbilu. Warra U.S'f haaraa ta'aniif, inshuraansii fayyaa keessa buhoruun muuxannoo burjaajeessaa fi baay'ee ulfaataa ta'uu danda'a.

Namni Waashingitan keessa jiraatuu hundi, osoo sadarkaan baqatummaa hin ilaalamiin, inshuraansii fayyaa karaa Washington Healthplanfinder™ tiin argachu danda'a. Qajeelfamni kun filmaatawwan keessan hubachuuf sin gargaara.

Mee haa haguugnu, Waashingitan!

# Qabiyyeewwan

| | |
|---|---|
| **5** | Seerawwan Kunuunsa Fayyaa |
| **7** | Inshuraansiin fayyaa maaliidha? |
| **8** | Filmaatawwan Kunuunsa fayyaa Baqattootaa |
| **10** | Gahumsa qabaa? |
| **14** | Filmaatiiwwan kiyya maaliidha? |
| **16** | Tajaajilawwan Kunuunsa Fayyaa Bilisaa ykn Gatii Gadaanaa |
| **17** | Eessatti akka Iyyatamu |
| **18** | Waa’ee Jijjirraa |

Reference number: LA-286-4539557_June2025_Oromo

# Seerawwan Kunuunsa Fayyaa

### Kunuunsa Fayyaa

Tajaajilawwan rakkolee fayyaa ittiisuuf ykn wallaanuuf.

### Karoora Fayyaa

Tarii ati ykn maatiinkee kunuunsa fayyaa kan barbaadu yoo ta'eef waggaa waggaan karoora fayyaa bitatta. Dhiyeessaan karoora fayyaa keessanii yoo karoora fayyaa qabaattan, baasii kunuunsa fayyaa gartokkee ykn hundasaa kaffala.

### Karoora fayyaa gahumsa qabu

Karoora fayyaa Seera Kunuunsa Danda'amu jalatti ulaagaalee qulqullinaa, baasii fi gahumsa guutu. Karoorriwwan Washington Healthplanfinder irratti argaman hundi ulaagaalee kanneen guutu.

### Karoorawwan Cascade Care Savings

Karoorawwan Qusannaa Baasii Washington Healthplanfinder irraa. Karoorawwan Cascade Care Savings baasii hir'isuun hir'ifamuun dura tajaajilwwan biraa ni haguuga.

### Apple Health

Apple Health Waashigitan keessatti maqaa Medicaid'ti. Namoota galiirratti hundaa'uun ulaagaa guutaniif haguggii bilisaa ykn gatii xiqqaa ni kenna.

### Angafoo/Qarruu

Angafoon/qarruun kee hanga ati ji'a ji'aan karoora fayyaa keetii kaffaltudha. Tajaajilawwan fayyaa kamiyyu hin argattu taanaanis angafoo/qarruu kee kaffaluuma qabda.

### Hir'ifama

Kan hir'ifama kee, maallaqa karoorri fayyaakee baasii qooddachuu jalqabuusaan dura idileedhaan kunuunsaaf baasuu qabdudha. Osoo hir'ifama kee hin guutiin dura tajaajilawwan ittisaa bilisaan argachuun ni danda'ama. Hang hir'ifama kee jalqaba waggaa waggaa irratti jalqaba.

### Kiisii Keessaa

Baasiiwwan kiisii keessaa kan ati kunuunsa fayyaatiif kaffaltudha. Isaanis hir'ifamaa kee, inshuraansii-waloo fi kanfaltii waloo dabalchu danda'a. Hangi karoora fayyaa keetiin hin haguugamiin kamiyyu baasii kiisii keessaa bahedha.

### Washington Healthplanfinder

Washington Healthplanfinder Waashingitan keessatti bakka karoorri fayyaa itti bitamuudha. Waashingitan keessa kan jiraattu yoo ta'e, karaa Washington Healthplanfinder n haguuggiif iyyachu dandeessa.

### Lammii Ameerikaa

Namoonni Ameerikaa ykn daangaashee keessatti dhalatan, namoonni lammummaa US argatan fi namoota yoo xinnaate lammii US tokkorraa biyya biraatti dhalatedha.

### Biyyaaleessa US

Namoota Sadaasa 24, 1952 booda Saamo'aa Ameerikaa ykn Odoola Swaa'in keessatti dhalatan, fi jiraattota Odoola Kaaba Maariyaanaa lammiilee U.S. ta'uu hin filanne.

### Seeraan Argamuu

Godaantota ykn kan lammiilee hin taaneefi seeraan gara UStti simatamanii fi yeroo itti simataman kan irra hin dabarre.

### Dhorkaa Waggaa -5

Yeroo eeggannoo waggaa 5 godaantota gahumsa qabaniif osoo isaan Medicaid argachuuf ulaagaa guutuu hin dandeenye dura. Yeroon eeggannoo waggaa 5 kunis yeroo baayyee kan jalqabu, yeroo isaan itti Yunaaytid Isteet seenan osoo hin taane, yeroo namni sun sadarkaa immigireeshiniif ulaagaa guutuu argatudha. Sadarkaan godaantotaa tokko tokko dhorkaa waggaa 5 irraa bilisa.

### Kan hin galmoofne

Lammii kan-taane sadarkaa godaantummaa ammaatiin ala US keessatti.

### Maatiiwwan "Sadarkaa Walmakaa"

Maatiiwwan miseesnsoonni sadarkaalee godaantummaa gargaraa qaban.

# Inshuraansii fayyaa maali?

Inshuraansii fayyaa akkaataa namoonni idileedhaan kunuunsa fayyaaf kaffalaniidha. Ji’aan angafoo kee kaffalta, yeroo tajaajila kunuunsa fayyaakee argattu, inshuraansii fayyaakee baasii kana keessaa gartokkee ykn hunda ni kaffala. Kunuunsi fayyaa baayyee qaalii ta’u waan danda'uuf inshuraansii fayyaa qabaachuun barbaachisaadha!

Faayyaa taatulleen, inshuraansii fayyaa qabaachuun barbaachisaadha. Balaan ykn dhukkubni yeroo kamiyyuu mudachuu danda’a qofa osoo hin taane, inshuraansii fayyaa qabaachuun ofii keefi maatii kee fayyaa akka qabaataniif tajaajila ittisaa idilee akka argattaniif si dandeessisa.

Kunuunsa fayyaa argachuun hawaasni keenya fayyaa fi cimaa akka ta'u taasisa!

**Faayidaawwan Fayyaa Barbaachisoo**

Karoorri fayyaa Washington Healthplanfinder irraa hundi faayidaawwan fayyaa barbaachisoo 10 haguugu. Kunneenis kan hammatan:

- Beellama doktaraa fi turtii hospitaalaa
- Imalawwan kutaa balaa tasaa
- Kunuunsa dhalachuu mucaa keessanii duraafi booda
- Wallaansa fayyaa sammuu fi fayyadama qorichaa
- Qorichoota ajaja hakiimaan kennamu
- Tajaajilootaa fi meeshaalee yoo miidhamte ykn miidhama qaamaa ykn rakkoo yeroo dheeraa irraa akka bayyanattuuf si gargaaran
- Qorannoo laaboraatorii
- Gorsa, qorannoowwanii fi talaalliiwwan dabalate tajaajilawwan ittisaa
- Dhukkuboota turan kan akka sukkaaraa fi asimii to’achuu
- Kunuunsa daa’immanii

# Filmaatawwan Kunuunsa Fayyaa Baqattootaaf

## Filmaatawwan Guutummaan-Haguugaman

Filmaanniiwwan kunuunsaa kunneen beelama dooktaraa, kunuunsa hospitaalaa, qoricha hakiimiin ajajame fi kaan haguuga.

| Sagantaa | Eenyuutu Ulaagaa guuta? |
|---|---|
| Karoorawwan Cascade Care | ✔ Nama hunduma |
| Hir'ina Gibiraa | ✔ Goodaantoota karaa seeraan jiran<br>✘ Namoota hin galmoofne |
| Cascade Care Savings | ✔ Nama hunduma |
| Apple Health | ✔ Godaantoonni karaa seenaan jiran dhirkaa* waggaa-5 darban<br>✘ Godaantoonni karaa seenaan jiran dhirkaa* waggaa-5 hin dabarre<br>✘ Namoota hin galmoofne<br>✘ Seeraan qabeessa kan ulaagaa hin guunnee<br>*Maaloo "enyuu akka dhirkaa* waggaa-5 irraa akka bilisa ta'e" fuula 11 irratti ilaali |
| Apple Health for Kids (Fayyaa Apple Daa'immaniif) | ✔ Nama hunduma |
| Haguuggii Ulfaan-Boodaa | ✔ Nama hunduma |
| Babal'ina** Apple Health<br><br>***Apple Health Expansion - Seeraan osoo jiranuu kanneen ulaagaa hin guunnee muraasni ***Sadarkaaleen seera qabeessaa ulaagaa hin-guunne tokko tokko yoo hayyama qaxarrii hin qabne ta'e ulaagaa guutuu danda'u. | ✔ Namoota hin galmoofne<br>✘ Seenaa jiraatee kan ulaagaa-hinguunnee***<br>✘ Godaantota dhorkaa waggaa 5 darban seeraan beekkaman<br>✘ Godaantota seeraan beekkaman kanneen dhorkaa waggaa 5 hin darbine<br>✘ Lammiilee U.S<br>✘ Tarkaanfii yeroo biraatti kan darbu namoota ijoollummaa dhufaniif |

## Filmaatawwan Haguuggii Murtaa'e

Karoorriiwwan kunis tajaajilwwan ykn haallawwan muraasa haguugu.

| Sagantaa | Eenyuutu Ulaagaa guuta? |
|---|---|
| Karoora maatii qofa | ✔ Nama hunduma |
| Tajaajilawwan Kunuunsa Wallaansaa | ✔ Godaantota seeraan beekkaman kanneen dhorkaa waggaa 5 hin darbine<br>✔ Namoota hin galmoofne*<br>✖ Godaantota dhorkaa waggaa 5 darban seeraan beekkaman<br>✖ Lammiilee U.S<br>*Yoo sagantaa WAC 388-424-0001(4)n wal qabatuuf ulaagaa guutte |
| Apple Health for Pregnant Individuals (Fayyaa Apple Namoota Ulfaaf) | ✔ Nama hunduma |
| Alien Emergency Medical (Wallaansa Atattamaa Addaa) | ✔ Seeraan qabeessa kan ulaagaa hin guunnee<br>✔ Godaantota seeraan beekkaman kanneen dhorkaa waggaa 5 hin darbine<br>✔ Namoota hin galmoofne<br>✖ Godaantota dhorkaa waggaa 5 darban seeraan beekkaman<br>✖ Lammiilee U.S |

# Ani Ulaagaa guutaa?

Waashingitan keessa yoo jirraattee, sadarkaan godaansaa kee omaa ta'ulleen, karaa Washington Healthplanfinder karoora inshuraansii fayyaa argachu dandeessa. Kan hin galmoofne taatulleen, filmaanniwwan kunuunsa fayyaa siif ta'an jiru.

## Sadarkaalee Ulaagaa guutaniifi Hin-Guunnee

Sadarkaaleen godaantoota karaa seeraan jiraanii "kan ulaagaa guutan" ykn "kan ulaagaa hin guunneedha."

Sadarkaaleen seeraan jiraachaa ulaagaa hin-guunnee barame kan hammatu:

- Kanneen godaantota hin taane garuu kan kaayyoo murtaa'e addaa kan akka daawwattoota daldalaa, barattoota ykn turistootaaf, gara U.S. akka seenan hayyamame
- Dhiifama- Yoo sadarkaan dhiifamaa waggaa tokkoof ykn isaa gadiif kenname
- Kanneen sadarkaa eegumsaa yeroo kennameef
- Kanneen jijjirraa sadarkaaf iyyatan
- VAWA jalatti ofumaan iyyate garuu ganaa ulaagaa guutuu "Beeksisa hin arganne ulaagaa guutuu milluu jalqaba "Prima Facie"
- Tarkaanfii ture, irraa haqamuu hafuu ykn biyyaa baafamuun hafuu
- Ajajni to'annoo mirkanaa'e
- Turtiin biyyaa baafamuu mirkanaa'e
- Sadarkaa Vizaa K, S, U ykn V

Yoo kan yeroo ammaa sadarkaa "ga'umsa hin qabne" ta'e, ammallee sagantaalee kunuunsa fayyaa murtaa'oo kutaa Waashingitan keessaaf ulaagaa ni guuttaa.

Yoo sadarkaa godaantota gahumsa qabu qabaatte, yeroo baayyee Medicaid argachuuf ulaagaa guutuu kee dura dhorkaa waggaa 5 darbuu qabda.

## Dhorkaan waggaa -5 maali?

Seerri federaalaa godaantonni gahumsa qaban hedduun Medicaid argachuuf ulaagaa guutuu isaanii dura waggaa shan eeguu akka qaban dirqisiisa. Waashingitanitti, Medicaid Washington Apple Health jedhama. Yeroon eeguu waggaa 5 kunis dhorkaa waggaa 5 jedhamuun beekama. Yeroon eeguu waggaa 5 kunis yeroo baayyee kan jalqabu, yeroo namni sun sadarkaa godaantummaansaa ulaagaa guutuu qabu argatu malee yeroo U.S. itti seene miti. Haalli godaantotaa tokko tokkos dhorkaa waggaa 5 irraa bilisa.

## Eenyuutuu dhorkaa waggaa-5 irraa bilisa?

### Yoo bilisoome malee dhorkaa waggaa-5 guutuu qaba

- Jiraattoota Dhaabbataa Seeraqabeessaa (LPR)- Yaadannoo 2 gadii ilaali.
- Dhiifama- Yoo Seera Immigreeshinii fi Lammummaa (INA) §212(d)(5) jalatti yoo xinnaate waggaa tokkoof dhiifama argate.
- Cimdiiwwan fi daa’immanii miidhaan irra gahee beeksiisa I-130 “prima facie” raggaasifamuu ykn iyyanni-ofii Seera Miidhaa Dubartoota (VAWA) jalatti dhiyaatee mirkanaa’e kan qaban.
- Ebla 1, 1980 dura, INA 203(a)(7) jalatti akka haalduree seentootaatti kan Ustti simatame.



### Dhorkaa waggaa-5 irraa bilisa ta'e

- Lammiileen Ameerikaa miseensa tajaajila hidhattoota lammii U.S. irraa Kooriyaa, Veetinaam, Laa'os, Kampuche'aa ykn Taayilaandiitti Muddee 31, 1950 booda dhalatan, garuu Onkoloolessa 22, 1982 dura dhalataniifi, kan akkaataa §584 Oppareeshinii Biyya Alaa, Labsii Faayinaansii Al-ergii fi Sagantaawwan Walqabataniitiin akka godaantotaatti gara U.S.tti fudhataman.
- Namoota dhuunfaa haala baqattoota yknkoolugaltoota INA §212(d)(5) jalatti dhiifama argatan.
- Baqattootaa INA §207 jalatti simataman.
- Miseensoota gosoota Hmong fi Lafa oljeedhaa Laa'otii'aan kan bara Veetnaam Hagayya 5, 1965 hanga Caamsa 7, 1975tti waraana gargaaran.
- Godaantoota Addaa Iraaqii ykn Afgaanistaan irraa kan ittaanan keessaa tokko jalatti Ustti simataman:
  - Haala godaantotaa addaa kutaa INA §101(a)(27) jalatti;
  - Godaantota addaa jiraataa dhaabbataa haal-duree; ykn
  - Seera Eegumsa Michoota Afgaanistaan 602(b)(1) ykn Seera Hayyama Ittisa Biyyaalessaa 2006 kutaa 1059(a) jalatti dhiifama kan argate.
- Kutaa 2502 jalatti Seera Ramaddii dabalataa Afghanistan, 2022 fi Seera Ramaddii Walitti Makamaa bara 2023, Afgaanoonni JAdooleessa 31, 2021 fi Fulbaanar 30, 2023 gidduutti dhiifama namoomaa argatan, fi haadha warraa fi ijoollee isaanii, kkasumas warraa fi guddiftoota daa'imman xiqqoo warra malee Fulbaana 30, 2022 booda dhiifama argatanii, hanga Bitooteessa 31, 2023tti, ykn xumura yeroon mirgi wabiisaanii, isa booda ta'e, akka godaantota ulaagaa guutaniitti madaalamu.
- Lammiileen Yukireen - fi lammiileen Yukireen hin taanefi kan yeroo dhumaaf Yukireen keessa jiraatan - Guraandhala 24, 2022 fi Fulbaana 30, 2024 gidduutti dhiifama namoomaa kennameef. Haati warraa fi ijoolleen isaanii akkasumas warri fi guddistoonni daa'imman umuriin xiqqoo kan nama waliin hin jirree fi Fullbaana 30, 2024 booda, Seera Ramaddii Dabalataa Yukireen 2022 akkasumas akkaataa seera ramaddii dabalataa Yukireen bara 2024 baheen dheerate, kutaa 401 jalatti dhiifama argatan, akka godaantota gahumsa qabanitti madaalaman.

- Miidhaamtoota daddabrsa namaa akkaataa Labsii Ittisa Miidhaamtoota Daddabarsa Namaa fi Jeequmsaa 2000.
- Asylees kan sadarkaan isaanii §208 INA jalatti kenname.
- Seensa Kuubaa/Heeyitii, akkaataa ulaagaalee 45 CFR §401.2[3] keessatti, namoota dhuunfaa sagantaa Mirga Walitti Makamuu Maatii Heeyitii (HFRP) jalatti mirkanaa'an dabalatee.
- Namoota biyyaa ari'amuu ykn buqqifamuu dhorkuu hayyamameef.
- Lammiileen Federeeshinii MootummootaaMaaykirooneeshiyaa, Rippabiliika Paalaawu, ykn Rippabiliika Odoola Maarshaal akkaataa Waliigaltee Waldaa Bilisaatiin Ameerikaa keessa jiraatan.
- Inidoota Ameerikaa haaluma armaan olitti ibsametti biyya biraatti dhalatanii ulaagaa guutan, akkaataa idileetti akka lammiilee U.S.tti koodii kan kennameef yoo ta'u, garuu yoo sadarkaa LPR'f raga dhiyyeessan, sagantaalee MAGI jalatti akka Jiraattota Dhaabbataa Seeraa (LPR)tti koodii argachu danda'u. Sadarkaa LPR mirkaneessuun ykn dhiyessuun isaan hin barbaachisu.

*YAADANNOO: Yoo Hagayya 8, 1996 dura U.S. kan seenanii fi erga Hagayya 22, 1996 irraa eegalee itti fufiinsaan U.S. keessa kan jiraatan ta'e, dhorkaan waggaa 5 kun namoota dhuunfaa "waggoota 5n darban keessatti sadarkaa godaantota gahumsa qaban irratti hin hojjattu, WAC 182-503-0535 ilaali.*

*YAADANNOO: Koodiin rammaddii Kaardii Jiraataa Dhaabbataa I-551 (kaardii magariisaa) irraa, LPR tokko akkamitti U.S. akka seene agarsiisa. Yoo namtichi kan haala dhorkaa waggaa 5 irraa bilisa ta'een gara U.S. seenee fi waggaa 5 gadiif sadarkaa LPR qabaate, ammallee seera waggaa 5 irraa bilisa.*

# Filannoowwan koo maali?

### Ani godaanaa “Ga’umsa Qabu” Seeraa Qabeessadha. Filannoowwan koo maali?

- Dhorkaa waggaa 5 darbee (yoo barbaachise):
  - Karoora fayyaa gahumsa qabu (akka Cascade Care)
  - Apple Health
  - Apple Health for Kids (Fayyaa Apple Daa'immaniif)
  - Apple Health Family Planning Only (Fayyaa Apple Karoora Maatii Qofaaf)
  - Apple Health for Pregnant Individuals (Fayyaa Apple Namoota Ulfaaf)
  - Apple Health After-Pregnancy Coverage (Apple Health Haguuggii Ulfa Booda)
- Dhorkaa waggaa 5 hin darbine:
  - Karoora fayyaa gahumsa qabu (akka Cascade Care)
  - Apple Health for Kids (Fayyaa Apple Daa'immaniif)
  - Apple Health Family Planning Only (Fayyaa Apple Karoora Maatii Qofaaf)
  - Apple Health for Pregnant Individuals (Fayyaa Apple Namoota Ulfaaf)
  - Apple Health After-Pregnancy Coverage (Apple Health Haguuggii Ulfa Booda)
  - Tajaajilawwan Kunuunsa Wallaansaa
  - Alien Emergency Medical (Wallaansa Hatattamaa Addaa)

### Ani godaa “Ulaagaa Hin guunne” Seeraa qabeessaadha. Filannoowwan koo maali?

- Karoora fayyaa gahumsa qabu (akka Cascade Care)
- Apple Health for Kids (Fayyaa Apple Daa'immaniif)
- Apple Health Family Planning Only (Fayyaa Apple Karoora Maatii Qofaaf)
- Apple Health for Pregnant Individuals (Fayyaa Apple Namoota Ulfaaf)
- Apple Health After-Pregnancy Coverage (Fayyaa Apple Haguuggii Ulfa Booda)
- Tajaajilawwan Kunuunsa Wallaansaa
- Wallaansa Yeroo Atattamaa Dhalattoota Biyya Biraa

## Ani nama hin galmoofnedha. Filannoowwan koo maali?

- Karoora fayyaa gahumsa qabu (akka Cascade Care)
- Apple Health for Kids (Fayyaa Apple Daa'immaniif)
- Apple Health Family Planning Only (Fayyaa Apple Karoora Maatii Qofaaf)
- Apple Health for Pregnant Individuals (Fayyaa Apple Namoota Ulfaaf)
- Apple Health After-Pregnancy Coverage (Fayyaa Apple Haguuggii Ulfa Booda)
- Tajaajila Kunuunsa Wallaansaa - yoo sagantaa WAC 388-424-0001(4) waliin walqabateef ulaagaa guute.
- Wallaansa Yeroo Atattamaa Dhalattoota Biyya Biraa
- Apple Health Expansion* (Babal'ina Fayyaa Apple*)

## Sadarkaan Maatiinkoo goodaantoota walmakaa qabudha. Filannoowwan keenya maali?

Sadarkaan maatiin tokko tokko “walmakaa” miseensonni haala godaansa adda addaa kan qabandha, kunis sagantaalee adda addaatiif ulaagaa akka guutuu danda’an isaan dandeessisu mala. Maatiin sadarkaa walmakaa qaban inshuraansii fayyaa fi Apple Health’f karaa Washington Healthplanfinder iyyachuu danda’u.

## Namoota Hindii Ameerikaa fi Dhalataa Alaskaa (AI/AN)

Namoonni Hindii Ameerikaa fi dhalattoonni Alaskaa biyya alaatti dhalatan ulaagaa lammiilee U.S. wajjin wal fakkaatu qabu.

Namoonni Hindii Ameerikaa fi dhalattoonni Alaskaa biyya alaa dhalatan ulaagaan guutuu qaban kan hammatu:

- Namoonni dhuunfaa Kanaadaatti dhalatan kanneen yoo xiqqaate dhiiga Hindii Ameerikaa dhibbeentaa shantama qaban, miseensummaa gosaa osoo hin ilaalin; ykn
- Namoota dhuunfaa Ameerikaan alatti dhalatan kanneen:
  - Miseensota gosa federaalaan beekamtii qabu
  - Dhalattoota Alaskaa kan Seera Qubsuma Himannaa Dhalattoota Alaska jalatti Barreessaa Biyya Keessaatiin galmaa’an.

*Apple Health Expansion sagantaa hirmaannaa daangeffamaadha.

# Tajaajilawwan Kunuunsa Fayyaa Bilisaa ykn Gatii Xiqqaa

### Cascade Care Savings

Karoorriwwab Cascade Care karoora fayyaa qulqullina olaanaa qabuu fi karoora biroo caalaa baasii xiqqaadhaan kan argamuudha. Isaanis karaa Washington Healthplanfinder qofaan argamu. Karoorri hundi ulaagaa baasii fi tajaajila haguuggii ACA guutu ykn caalu. Karoorri Cascade Care namoota Waashingitan keessa jiraatan hundaaf ni argama.

Karoorriwwan Cascade Care karaa Washington Healthplanfinder qofaan argama.

### Apple Health Waashingitan

Apple Health Waashigiten keessatti maqaa Medicaid ta'uu isaati.

Apple Health namoota ulaagaa guutaniif haguuggii fayyaa bilisaa ykn gatii xiqqaan kenna.

Dhorkaan waggaa 5 kun Apple Health for Pregnant Individuals (Fayyaa Apple Namoota ulfaatiif), Karoora Maatii Qofaa, fi Apple Health Daa'imman irratti hin hojjetu. Kana jechuun, namni sadarkaa godaantummaa kamiyyuu qabu sagantaalee kanaaf ulaagaa guutuu danda'a.

Sagantaawwan Apple Health irra caalaan, daangaa galii fi ulaagaalee ulaagaa guutuu biroo qabu.

Apple Health waggaa guutuu ni argama. Yeroo kamiitti Apple Health'f iyyachuu dandeessu.

# Bakka Itti Iyyachuu Dandeessan

Haguggii fayyaatiif karaa Washington Healthplanfinder iyyachuun salphaadha. **wahealthplanfinder.org** daawwadhaa ykn karaa qaamaan ykn gargaarsa viidiyoon galmaa'aa. Deeggarsi afaanoota 200+ ol ta'aniin ni argama.

Namni kamiyyuu yeroo galmee banaa galmaa'uu danda'a. Galmeen waggaa waggaan Sadaasa 1 irraa eegalee banamuun Amajjii 15 xumurama.

Taateewwan jireenyaa tokko tokkos galmee banaatiin alatti karoora fayyaaf akka galmooftan isin taasisu. Kunis yeroo galmee addaa jedhama. Taateewwan jireenyaa kunis hojii dhabuu, dahumsa, guddifachaa, gaa'ila fi kkf hammachuu danda'u.

Yoo Apple Health'f ulaagaa guutte yoom iyyuu galmaa'uu dandeessa.

wahealthplanfinder.org



# Waa'ee Jijjiirraa

## Ergama Keenya

Washington Healthplanfinder akkaataa ummanni Waashingitan haguuggii fayyaa itti argatuufi itti qabatu fooyyessuuf barbaada. Kanas meeshaalee itti fayyadamuuf salphaa ta'anii fi qusannoo karaa keenya qofa argachuu dandeessan dhiyeessuudhaan raawwana. Duudhaaleen keenya walqixxummaa, qulqullummaa fi kabajaa waan hojjennu hunda ni hima.

washington healthbenefitexchange
powering washington healthplanfinder



## Ibsa Haqummaa Keenya

Ergama Jijjiirraa Faayidaa Fayyaa Waashingitaniif walqixxummaan bu'uura. Adeemsi gara walqixxummaatti ilamuufi farra sanyummaa ta'uun jeequmsa kan fidu yoo ta'u, sirnoota loogii fi cunqursaa hidda gadi fageeffate diiguuf dammaqiinsa gaafata. Sanyummaan sirnaa hundee walqixxummaa dhabuu hawaasa hedduu yoo ta'u, loogii fi cunqursaa bifa hundaa, kan walqixxummaa sanyii waliin walitti hidhamuu fi yeroo baay'ee sanyummaa hammeessan, furuuf mala wal-qaxxaamuraa fayyadamuu qabna.

Milkaa'uudhaaf, dursitoota hawaas-dinagdee fayyaa beekamtii kennuun, namootaafi iddoowwan fedhiin guddaan itti mul'aturratti xiyyeeffachuu qabna. Hawaasa dhaggeeffachaa yeroo deemnu, imaammata, sirna, ykn gochaalee walqixxummaa hin qabne ykn muuxannoo dhiibbaa naannoo Jijjiirraa keessatti argaman sirreessuuf yaada kennameef deebii kennuuf of gaafachuu qabna.

Kaayyoon keenya lammiileen Waashingitan hundi carraa, aangoofi qabeenyaa guutuufi walqixa ta'e dandeettii guutuun galmaan ga'uuf akka argatan gochuudha.

## Argachuu Afaanii

Namni kamiyyuu afaan isaatiin gargaarsaafi odeeffannoo bilisaan argachuuf mirga qaba. Hojjettoota afaan hedduutti ykn turjumaanatti afaan filatteen bilisaan dubbachuuf, Giddugala Deeggarsa Maamiltootaa keenyaaf **1-855-923-4633** bilbili. Afaanota adda addaa 200 oliin ni gargaarsi argama. Yeroo karaa Washington Healthplanfinder inshuraansii fayyaaf iyyattu, kkasumas meeshaalee afaan keetiin hiikaman bilisaan gaafachuu dandeessa.



washington
healthplanfinder
click. compare. covered.

wahealthplanfinder.org irratti kan argamu
1-855-WAFINDER | 1-855-923-4633